

**JIJJIRAMOOTA BU'UURAA LABSIIN HAARAA BULCHIINSAA
FI ITTI FAYYADAMA LAFA BAADIYYAA NAANNOO
OROMIYAA LAK.248/2015 OF KEESSATTI HAMMATE**

*Ibsaa Camadaa Gaaromaa**

Abstract

In any country, land is a fundamental natural resource that deserves proper regulation. In Ethiopia, it is regulated both by constitution and other laws at federal and state levels. The state of Oromia had Rural Land Administration and Use Proclamation No.130/1999(hereinafter “the previous proclamation”). This law had been in force for more than 15 years. Now, it is repealed and replaced by another Rural Land Administration and Use Proclamation No.248/2015 E.C (hereinafter “new proclamation”). The new proclamation has come up with major changes which are new additions or existing modifications. The main purpose of this piece is to introduce some of these major changes. Accordingly, the new proclamation made changes on definition of rural land, separately treated the concepts of land holding rights and land use rights, set conditions of land acquisition and transfer, set conditions of extinction of landholding rights, provided possibilities of attaching land use rights to borrow money from financial institutions, regulated rural lands delimited under urban land, and improved mechanisms of dispute resolution.

1. Seensa

Biyya kamiyyuu keessatti,lafti qabeenya uumamaa murteessaafi bu'uura waan hundumaati.Keessumaayyuu,dabalaa dhufuu baay'ina uummata addunyaafiguddina diinagdeefi teekinoloojii dhala namaan walqabatee sadarkaan itti fayyadummaa fi barbaachisummaa lafaa dabalaah dhufuuisaatiin sadarkaa addunyatti lafa qabeenyaa murteessaa taasiseera. Akka Itoophiyaattis, seenaa biyyattiin lafaan wal qabatee qabdu irraa

* LL.B (Jimma University); LL.M (Addis Ababa University); Public Prosecutor and Legal Research and Drafting Coordinator at Oromia Attorney General Bureau, he can be reached via: yerokenbon@gmail.com

hubachuun akka danda'amutti, lafti gaaffii siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa ta'uu dha. Dhimmi lafaa murteessaa ta'uu isaa irraan kan ka'es gaaffiin lafaa eegumsa wabii heeraa akka qabaatu ta'uun tumamee jira. Haaluma kanaan, lafti daangaa biyya keenyaa keessaa qabeenya mootummaafi uummataa hin geeddaramneefi hin gurguramne dha. Kanuma irraa ka'uun akka biyyaattis ta'e akka naannootti seeronni bulchiinsafi ittifayyadama lafaa bahanii hojii irra oolanii jiru. Bu'uruma kanaan, Naannoorn Oromiyaas Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Lakk.130/1999 (kanaan booda "*labsii duraan hojii irra ture*") kan jedhamu haquun Labsii Bulchiinsaa fi Itti Faayyadama Lafa Baadiyyaa Lakk.248/2015 (kanaan booda, "*labsii haaraa*") kan jedhamu irra deebiin tumachuun hojii irra oolchee jira. Labsiin duraan hojiirra ture lakk.130/1999 waggoota 15 oliif hojii irra erga tureen booda, Labsii Caffee Mootummaa Naanno Oromiyaa Lakk.248/2015'tiin haqamee jira.¹

Labsii haaraa kana keessatti jijiiramooni bu'uuraa bulchiinsa lafaa karaa bu'a-qabeessaa ta'een raawwachuuuf gargaaran hammatamanii jiru. Jijiiramooni kunneenis maalummaa lafa baadiyyaa, gargar bahinsa mirga abbaa qabiyyummaafi mirga itti fayyadamaa, haallan argannaafi dabarsaa, hafinsa mirga abbaa qabiyyee, haala mirga itti fayyadama lafaa wabiin qabsiisanii maallaqa liqeeffachuun danda'amu, haala lafti baadiyyaa magaalaa jalatti daangeffamuu fi akkaataa waldiddaan itti hiikamuun walqabatu.

2. Hiikkoo Lafa Baadiyyaa

Hiikkoo lafa baadiyyaaf kennuun dura labsiin haaraan kun jijiiramoota bu'uuraa kan akka lafti bu'uura diinagdee, siyaasaa fi haawasummaa ta'uu, haalli ittifayyadama fi bulchiinsa lafaa dabarsa fi arganna isaa dabalatee karaa aadaa, duudhaa fi qorqalbii uummata naannichaatiin wal simuun akka raawwatamuu qabu seensa isaa irratti akka qabxiijooti hammatee jira. Lafti darbuu kan danda'u karaa aadaa uummata Oromoo bu'uureffateen ta'uu akka qabu kan agarsisuu dha.² Kana malees, jijiiramni bu'uuraa labsii

¹Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naanno Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.60

²Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naanno Oromiyaa Lakk.248/2015, Seensa 1 fi 2

haaraa kana keessatti tumamee jiru inni tokko hiikkoo jecha lafa baadiyyaa jedhuuf kennname kan ilaallatu dha. Labsii duraanii 130/1999 kew.2(1) jalatti, “lafa baadiyyaa” jechuun daangaa bulchiinsa magaalaa ala lafa jiru hunda akka ta’etti hiikee ture. Hiikkoon kun mirga qonnaan bulaa bal’imaan miidhaa kan ture dha. Kunis yeroo tokko tokko osoo qonnaan bulaaf beenyaa kaffalanii lafa isaa harkaa hin fudhatiin pilaanii magaalaa lafa baadiyyaa daangaa magaalaa jala galchuun tureera. Yeroo kana, mirgoota lafa baadiyyaa jedhamanii qonnaan bulaaf adda bahanii kennaman kabachiisuuf qabatamatti rakkoo ta’aa ture. Kana irra darbeeeyyuu bakka itti tajaajila argatu dhabee rakkachaa tureera.

Kanaaf labsiin haaraa hiikkoo duran “exclusion rule” fayyadamuun hiikamee ture jijjiiruun hiikkoo kallattii(direct meaning) fayyadamuun “*Lafa Baadiyyaa*” jechuun lafa daangaa bulchiinsa ganda baadiyyaa keessatti argamu ta’ee, lafa akkaataa labsii kana keessatti tumameen daangeffamee pilaanii magaalaa jala galee walharkaa fuudhinsi hin taasifamne hunda kan dabalatu akka ta’etti hiikamee jira.³

Mirgoota qonnaan bulaa kana dhugoomsuufis daanga raawwatinsa labsichaa lafa baadiyyaa naannicha keessatti argaman hunda irratti akka raawwatamuufi haala addaatiin immoo qabiyyee lafa baadiyyaa akkaataa seera rogummaa qabuutiin abbaa qabiyyee harkaa osoo hin fudhatamiin dangaa bulchiinsa magaalaa jala gale irratti raawwatiinsa kan qabaatu ta’uu agarsiisa. Kana jechuun qabiyyeen lafa baadiyya tokko osoo beenyaa kaffalamee qonnaan bulaa tokko harkaa hin fudhatamiin pilaanii magaalatiin daangaa magala jala kan galu illee yoo ta’e, mirga qonnaan bulaa karaa caalmaa ta’een kabachiisuuf jecha raawwatinsa akka qabatus tumameera.

3. Mirga Abbaa Qabiyyummaa fi Itti Fayyadamaa

Mirgoonni kunniin labsii haaraa kana keessatti haala adda ta’een adda baafamanii tumamani jiru. Kunis mirga qonnaan bulaa, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaa karaa irra caalaa kabachiisuu danda’uun mirgi abbaa qabiyyummaa fi itti fayyadamaa lafa baadiyyaa adda bahee hiikamee jira.

³Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 248 /2015 , Kwt.2(13)

Bu'uuruma kanaan *mirga abbaa qabiyyummaa* jechuun mirga bal'aa qonnaan buaan, horsiisee buaafi gamisa horsiisee buaan lafa baadiyyaa seeraan qabate irraa qabu kamiyyuu ta'ee, mirga; haala karoora itti fayyadama lafaatiin misoomsuu, itti fayyadamuufi gochaalee seera qabeessa ta'an kan biroof oolchuu, qabiyyee lafa isaa irraa karaa seeraan ala ta'een buqqa'u dhabuu, dantaa uummataaf lafichi yammuu barbaadamu akkaataa seera rogummaa qabuun dursa mirga beenyaa argachuu, kireessuu, waliin misoomsuu, dhaalchisuu, kennaan dabarsuu, laficha irratti qabeenyaa horachuu, walitti aanfachuu, waljijiiruu, qabeenyaa laficha irratti horatame akkaataa labsicha keessatti tumameen dabarsuu, mirga itti fayyadama lafaa qabsiisuun dhaabbilee faayinaansii beekamtii seeraa qaban irraa maallaqa liqeeffachuuifi kan biroo kan dabalatu akka ta'eetti bal'atee hiikamee jira.⁴

Kana malees, mirga itti fayyadama lafaa jechuun akkaataa karoora itti fayyadama lafaatiin mirga abbaan qabiyyee kamiyyuu misoomsuu yookiin mirga kireessuu yookiin laficha irratti qabeenyaa horachuu yookiin qabeenyaa laficha irratti horatame akkaataa Labsii kana keessatti tumameen dabarsuu yookiin mirga itti fayyadama lafaa akkaataa Labsiicha, dambiifi qajeelfama Labsichaa raawwachiisuuf bahuutiin wabummaan qabsiisuun liqeeffachuu yookiin mirgoota abbaa qabiyyummaa jijiirsisuu hin dandeenye biroo kan dabalatu akka ta'eetti adda bahee hiikameera.⁵ Mirgoonni kunniin Labsii duraan hojii irra ture keessattis ta'e seerota Mootummaa Federalaa keessatti akkaataa kanaan tumamanii hin turre. Haala kanaan mirgoonni kunniin adda bahanii tumamuun mirga bal'aa qonnaan buaan qabu mirga abbaa qabiyyummaa keessatti kan hammatamuufi mirga immoo dhififamee qonnaan buaan yookiin horsisee buaan yookiin gamisa horsisee bulaa fi nama biroo mirga seeraan kennaeef qabu mirga itti fayyadamaa keessatti qabu adda baasee kan agarsiise dha. Garaagarummaan mirgoota kanneenii inni bu'uura namni mirga abbaa qabiyyummaa qabu mirga abba qabiyyummaa karaa jijiirsisuu danda'uun nama biraatti mirgicha kana dabarsuu kan danda'u yoo ta'u, namni mirga itti fayyadamaa qabu garuu mirgoota abbaa qabiyyummaa jijiirsisuu hin dandeenye kan qabaatu akka ta'e dubbisa labsichaa irraa kan hubatamuu dha.

⁴Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.2 (22)

⁵Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.2(23)

4. Gosa qabiyyee, Haallan Argannaa yookiin Dabarsaafi Hafinsa Mirga Abbaa Qabiyyee

i. Gosoota Qabiyyee Lafa Baadiyyaa

Biyya keenyatti lafas ta'e qabeenya uumamaa biroo irratti namni dhuunfaan mirga abbaa qabeenyummaa qabaachuu hin danda'u. Mirgi kun mirga uummanniifi mootummaan qofti qabu dha. Mirga waliin ykn gamtaan uummanni horachuu danda'u dha. Kana waan ta'eef namni dhuunfaan mirga abbaa qabeenyummaa lafa baadiyyaa irratti qabaachuu hin danda'u.⁶ Akka tumaa Heera RDFI kwt 40(4-5) irraa hubachuun danda'amutti mirgi namni dhuunfaan lafa baadiyyaa irratti horachuu danda'u inni guddaan mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaati. Namni umuriin isaa waggaa 18 guutee qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa ta'e yookiin fedhii qotee yookiin horsiisee buluu qabuuf bilisaan kennama. Kuun immoo harka mootummaa turuun faayidaa waliinii uummataaf tajaajila. Kan hafe immoo iddoon jirenyaa ykn hojii hawaasa kamiiyuu akka tajaajila malu haala gahaa ta'een kennuu danda'uuf akka galteetti fayyada.⁷ Akkaataa itti qabamee fi tajaajilaaf oolaa jiru kana irraa ka'uun mirgi abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa tajaajila kamiifuu haa ta'u nama dhuunfaanis, mootummaanis ta'e hawaasaan qabamu labsii lafa baadiyyaa lakk.248/2015 keessatti iddo gurguddoo sadiitti qoodamee argama. Kunneenis qabiyyee dhuunfaa, qabiyyee waliinii hawaasaa fi mootummaati.⁸

Qabiyyee Dhuunfaa jechuun qabiyyee lafa baadiyyaa nama tokko yookiin tokkoo oliin waloon karaa seera qabeessaan qabame ta'ee, qabiyyee waliiniifi kan mootummaa kan hin dabalannedha.⁹ Gosti qabiyyee kun gosa qabiyyee nama dhuunfaaf, maatiif, gareef, dhaabbata daldalaaf, dhaabbilee mit-mootummaaf kan kennamuudha. Qabiyyeen kun qabiyyee abbaa

⁶Heera Mootummaa RDFI, Kwt. 40 (3)

⁷Obbo Kabbabawuu Birhaanu fi Obbo Geetuu Gaddafaa, Seera Lafa Baadiyyaa fi Magaalaa, Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'anno Seeraa Oromiyaa (Moojuulii Leenjii Sagantaa Leenjii Hojii Irraa Yeroo Dheeraaf Qophaahe, 2012), F20

⁸Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt. 6

⁹Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.2(15)

qabiyyichaa mirga daangaa seerri kaaheef keessatti dhuunfaan fayyadamuu gonfachiisuu dha.

Qabiyyee Mootummaa jechuun Naannicha keessatti lafa baadiyyaa dhuunfaan yookiin hawaasni waliin hin qabanne kamiyyuu ta'ee, qabiyyee dhaabbilee mootummaa, lafa bosonaa, dawoo bineensa bosonaa, iddoowwaan eegumsi taasisfamuuf, albuudaa, paarkiiwwan, haroowwan, lageewwaniifi kan biroo bifaa walfakkaatuun qabaman hunda kan dabalatudha.¹⁰

Qabiyyee Waliinii Hawaasaa jechuun lafa baadiyyaa horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaan waliin qabame yookiin qonnaan bulaan gareedhaan dheedichaaf yookiin bosonaaf yookiin tajaajila hawaasaa birootif waliin itti fayyadaman ta'ee, haala kamiiniyyuu qaama aangoo qabuun yoo ta'e malee miseensotaaf dhuunfaan qoodamuu kan hin dandeneye jechuudha.¹¹ Qabiyyeen kun qabiyyee dhuunfaan nama dhuunfaaf, garee namootaaf, kutaa hawaasaaf, qaama mootummaafi kan kana fakkaataniif adda bahee dhuunfaan akka itti fayyadamanifi kennamu osoo hin taane qabiyyee iddo adda ba'e tokkoof akka tajaajila hawaasummaa kennuuf kennamuudha. Qabiyyee akkasii kanatti fayyadamuuf jiraataa bakka sanaa ta'uun qofti ga'aa dha. Qabiyyeen kun lafa baadiyyaa uummatni waliin itti fayyadamuu dha. Namoota mirga itti fayyadama lafa sanaa qaban keessaa tokko ykn muraasni tajaajila lafichaa jijiiruu hin danda'an. Qabiyyeen kun jireenyaa hawaasummaa naannoo sanaa guutuu taasisuuf kan kennamuu dha. Qabiyyee kana irratti falmiin yoo ka'e, jiraattota keessaa namni tokko yookiin qaamni mootummaa dhimmichi ilaallatu mana murtiitti dhihaatee falmuu kan danda'u ta'uu kan namatti agarsiisuu dha. Kanaaf labsiin haaraan kun gosoota qabiyyee adda baasuun qabiyyee dhuunfaa, kan mootummaa fi qabiyyee waliinii hawaasaa akka ta'etti hiikkoo isaanii waliin adda baasee tumee jira.¹²

¹⁰Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.2(16)

¹¹Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.2(17)

¹²Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.2(15), 2(16), 2 (17) fi Kwt.6

ii. Mirga Argannaa Lafa Baadiyyaa

Lafti qabeenya gamtaa mootummaafi uummataa ta'us, qotee bulaan, horsiisee bulaan, gamisa horsiisee bulaan abbaan qabeenya, namni dhuunfaan, dhaabbanni mootummaa, dhaabbanni miti mootummaa fi kan kana fakkaatan daangaa seerri kaa'eef keessaatti lafa baadiyyaa irratti mirga abbaa qabiyummaa lafa baadiyyaa argachuu danda'u. Mirgi kunis kan argamu karaawan gurguddoo afur: hirtaan, dhaalaan, gaa'ilaa raawwachuuunii fi kennaani dha.¹³ Haala argannaa qabxiilee kanaan walqabatee jirus akkaataa aramaan gadiitiin kan ilaallu ta'a.

A) Mootummaa Irraa Qoodinsaan

Lafti qabeenya mootummaafi uummataa ta'ee qabeenyota biroo horachuuf murteessaadha.Qabeenyi kun akkaataa murteessummaa isaatiin walmadaaluu danda'uun haala bu'aa qabeessaa fi itti fufiinsa qabuun faayidaafi guddina waliinii uummataaf akkaataa ooluu danda'utti mootummaan to'annoos isaa jala oolchee bulchuuf dirqama qaba. Karaa mootummaan dirqama isaa kana ittiin bahuu danda'u keessaa tokko nama lafa argachuu qabuuf lafa kana kennuudhaani.¹⁴ Kunis tumaa Heera Mootummaa RDFI kwt 40(4) (5) (6) irraa kan hubatamu dha. Jiraataan Naannichaa kan umriin isaa wagga 18 fi isaa ol ta'e, qonnaan yookiin horsiisee buluun yookiin gamisa horsiisee buluun jiraatu yookiin jiraachuu barbaadu kamiyyuu lafa baadiyyaa tolaan mootummaa irraa argachuuf mirga kan qabu ta'uu labsichi ni tuma.¹⁵ Haata'u malee, jijiiramni bu'uuraa bakka kanatti labsicha keessatti hammatame keessa akkaataa argannaa lafa baadiyyaan wal-qabatee kan jirudha. Labsii duraanii hojii irra tureen walbira qabamee yoo ilaalamuu jijiiramni bu'uura dabalamo daa'imman umriin isaanii wagga 18 gadi ta'eefi maatiin isaanii qonnaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan jiraachaa kan turaniifi lafa kan hin qabne yoo jalaa boqutan lafa mootummaa irraa argachuuf mirga kan qaban ta'uudha.¹⁶ Tumaan kun

¹³Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt. 7

¹⁴ Olitti yadannoo lak.7, F22

¹⁵Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248 / 2015, Kwt.7 (1)

¹⁶Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.7(2)

kan ilalamuu ulaagaan guutamuu qabu addatti labsichaan tumamee waliin walbira qabuuni dha.

Kana malees, daa'immaan maatiin irraa boqotanii bakkeetti akka hin hafne eegumsa taasisuuf yaadameetu dha. Dabalataanis, mirgoota daa'immaanii sadarkaa idila-addunyaatti tumamanii biyyi keenyaa mallatteessites karaa wal simuun kan tumame dha. Dubartootni qonnaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee buluudhaan jiraachuu barbaadan loogii tokko malee lafa baadiyyaa bilisaan argachuuf mirga akkuma warra dhiiroota ni qabaatu.¹⁷ Dhaabbileen mootummaa yookiin abbootiin qabeenyaa dhuunfaan akkaataa seera rogummaa qabutiin mirga lafa baadiyyaa argachuuf akka danda'anis seerichaan beekamtiin kennameera.¹⁸ Abbootiin qabeenyaa qabiyyee kana argachuuf kan danda'an akkaata seerota investimentiitiin akka ta'e namatti agarsiisa. Akka waliigalaatti, wanti hubatamu qabiyyeen lafa baadiyyaa qaama mootummaa aangoo qabu irraa karaa seera qabeessa ta'een qofa kan argamu ta'uutu isaati. Qabiyyeen tokko mootummaa irraa argameera jechuuf qabiyyicha kan kenne qaama mootummaa ta'uutu qaba. Qaamni kun immoo kan aangoo qabu ta'uutu irra jiraata. Qaamni aangoo qabu kun immoo qabiyyicha karaa seera qabeessa ta'een kennuu akka qabu labsichi namatti agarsiisa.

B) Dhaalaan

Labsii duraan hojiirra ture irraa akka hubatamutti abbaan qabiyyee dhaalchisuu kan danda'u miseensa maati isaati. Miseensi maatii immoo nama galii biraa hin qabne abbaa qabiyyeetti hirkachuun jiraachaa ture akka ta'eetti hiika. Haata'u malee, labsii haaraa kana keessatti qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaan yookiin namni akkaataa labsicha keessatti tumameen hayyamameef mirga abbaa qabiyyummaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa maatii isaarrraa dhaalaan argachuuf akka danda'u tumameera.¹⁹ Dhaalaan lafti kan darbuu danda'u labsii duraanii lakk.130/1999 irraa karaa adda ta'een tumamee jiraachuudha. Qonnaan

¹⁷Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.7(3)

¹⁸Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.7(4)

¹⁹Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.7(6)

bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan mirga abbaa qabiyyee lafaa qabu kamiyyuu yeroon osoo hin daangeffamiin mirga nama akkaata seera rogummaa qabuutiin yookiin seera dhaalaatiin dhaalchisuu akka danda'u ifatti tumameera.²⁰ Tumaa labsii lakk.248/2015 irratti dabalataan qabiyyee lafa baadiyyaa dhaalchisuun wal qabatee akkaataa barbaachisummaa isaatiifi labsiichaan walitti kan hin buune yoo ta'e, tumaan seera hariiroo hawaasaa hojirra kan oolu ta'uun ifatti tumamee jiraachuun dhimma bu'urati.²¹ Ta'us lafti nama dhaalu hin qabne qabiyyee mootummaa akka ta'us labsichi tumee jira. Kana malees jijjiiramni bu'uura labsii haaraa keessatti dhaalan wal qabatee hammatame keessaa namni qabiyyee lafa baadiyyaa akkaataa labsicha keessatti tumameen dhaale mirga abbaa qabiyyummaa qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan qabu kan qabaatu ta'uu dha. Tumaan kun ifatti kan agarsiisuu namni kamiyyuu akkaata seera rogummaa qabuutiin qabiyyee lafa baadiyyaa maatii isaa dhaaluuf mirgi labsii kanaan kennameef jira. Labsiin kun immoo mirgoota kana kan tume qonnaan bulaa, horsiisee bulaa, gamisa horsiisee bulaa giddu-galeessa taasiseetu dha. Tumaan namoota akkaanaa mirga kana gonfachiisuu yoo hin jiraannee hojjetaan mootummaas ta'e daldalaan yookiin namni biroon qabiyyee maatii isaa dhaalee mirgichatti fayyadamuu waan hin dandeneeef rakkoo kana hambisuuf tumaa akkanaa hammachiisuun dhimma ijoodha.

C) Kennaan

Kennaan karaa biraa mirgi abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa seera qabeessa ta'e ittiin argamudha. Jijjiiramni bu'uuraa labsii haaraan tumame keessaa dhimmi ijoo ta'e kan biroon, qonnaan bulaan, gamisa horsiisee bulaan yookiin horsiisee bulaan tokko mirga abbaa qabiyyummaa yookiin biqiltuu dhaabbataa dhuunfaan qabu ijoolle isaa yookiin ijoolle, ijoolle isaatiif kennaadhaan dabarsuu akka danda'u tumamuu isaati. Bakka ijoolleefi ijoolle ijoolleen hin jirretti immoo abbaa yookiin haadha yookiin obboleewwaan isaaf kennaan dabarsuu ni danda'a. Yaada kana irratti dabalataan qabiyyee yookiin biqiltuu dhaabbataa qabu keessaa walakkaan ol

²⁰Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.9(1) (c) fi Kwt.12 (1)

²¹Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.12 (3)

kennaan kan darbu yoo ta'e fudhatama akka hin qabaanne tuma.²² Karaa biraatiin immoo qonnaan bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan yookiin horsiisee bulaan tokko mirga abbaa qabiyyummaa lafaa qabu yeroo gaa'ila raawwatutti waahila isaa gaa'ila waliin raawwatuuf qabiyyee dhuunfaa yookiin kan waloo isaanii taasisuun kennuu akka danda'u jijiirama bu'urati.²³

Yaada tumaa hariiroo hawaasaa seera dhaala keessatti tumameen kan wal fakkaatu namni akkaataa armaan olitti ibsameen mirga abbaa qabiyyummaa kennaan argate, namni kennaadhaan mirga abbaa qabiyyummaa dursee argatee ture erga namni dhaalamu du'ee kan argachuu danda'u hanga osoo kennaan hin raawwatamne ta'ee dhaalmaan argachuu danda'u qofa akka ta'etti tumuun qabxii ijoo labsii haaraa kanaan xiyyeffannoo argatedha. Hangi qabiyyeen kennaan argate hanga dhaalmaan argachuu danda'uu ol yoo ta'e, qabiyyee kennaan argate qabatee kan hafuu fi dabalataan dhaalmaadhaan kan hin arganne ta'u akka qabu Labsii 248/2015 keewwata 13(9) jalatti ifatti tumamee jira. Kana malees, kennaal ilaalchisee tumaaleen seera hariiroo hawaasaa Labsii 248/2015 waliin hanga wal-hin falleessinetti dhimmoota labsiin hin haguugamne irratti raawwatinsa akka qabaatu tumuun dhimma bu'uraa isa birooti.²⁴

Jijiiramni bu'uraa labsii 248/2015 keessatti hammatame kan biroon namni qonnaan bulaa, horsiisee bulaa fi gamisa horsiisee bulaan ala ta'e kan akka hojjetaa mootummaafi kan biroo dabalatee mirga qabiyyee lafaa maatii isaa irraa kennaan argate irratti mirgoota qonnaan bulaa, horsiisee bulaa fi gamisa horsiisee bulaa jedhamanii tumamaan kan qabaatu ta'uu tumuu isaati.²⁵ Kunis labsichi mirgoota kan tume qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa bu'uureffatee waan ta'eef rakkoo namni qaamolee hawaasaa kanneeniin ala ta'an kanneen akka hojjeta mootummaa, daldala fi

²²Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.13(1-3).

²³Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt. 13(4).

²⁴Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.13(12).

²⁵Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.13(13).

kan biroon mirgichatti fayyadamu akka hin dhorkamne hambisuuf yaadametu dha.

D) Gaa'ila Raawwachuuun

Namni gaa'ila raawwate tokko akkaataa kamiin qabiyyee lafa baadiyyaa argachuu akka danda'u seerota lafa baadiyyaa duraanii keessa kan hin turre garuu immoo Labsii 248/2015 keessatti haaraa haammamatamee kan jiru dha. Bu'uruma kanaan, abbaan warraa yookiin haati warraa qabiyyeen gaa'ilan dura dhuunfaatti qaban yookiin sanaan booda maatii isaanii irraa dhaalaan yookiin kennan dhuunfaatti argatan akka qabiyyee dhuunfaatti kan galmeessisan yoo ta'e kanuma dhuunfaa isaanii akka ta'u²⁶ tumamuun dhimmoota bu'uura haara dabalamen ta'uu namatti agarsiisa. Akka tumaa keewwata kanaa irraa hubatamutti namni tokko qabiyyee dhuunfaan qabu dhunfaan qabatee turuu yoo barbaade yaada isaa akka beeksisu ta'uu kan namatti mul'isu dha. Garagalloo dubbisa tumaa kanaa irraa kan hubatamu abbaan warraa yookiin haati warraa qabiyyeen gaa'ilan dura dhuunfaatti qaban yookiin sanaan booda maatii isaanii irraa dhaalaan yookiin kennan dhuunfaatti argatan akka qabiyyee dhuunfaatti kan hin galmeessisne yoo ta'e akka qabiyyee waloo isaaniitti ilaalamee namni duraan lafa hin qabne tumaan seera kun kan isaaf kennisiisuu ta'uu agarsiisa.

Dabalataanis, abbaan warraa yookiin haati warraa kennaa yookiin dhaalmaadhaan dhuunfaadhaan gaa'ila duras ta'e booda argatan waliigaltee isaaniitiin qabiyyee waloo taasifachuu akka danda'an labsichi ni tuma.²⁷ Kana jechuun wal fuutoota keessa tokko duraan lafa hin qabu yoo ta'e waliigalteen ifatti kan waliinii isaanii taasisuu akka danda'an kan namatti agarsiisuudha. Qabiyyeen dhuunfaatti ture waliigalteen kan waliinii isaanii taasisaniifi ifatti yeroo seeraan murtaa'e keessatti kan dhuunfaa ta'ee akka itti fufu kan hin ibsamne yoo ta'e, qabiyyee waliinii ta'ee diiggan gaa'ila yoo raawwatame illee qabiyyichi qixxeetti kan qoodamu ta'uu labsiin haaraan kun ni tuma. Walfuutonni waliigaltee isaaniitiin kan waliinii isaanii kan hin taasisne yoo ta'e fi qabiyyee lafa baadiyyaa tokko Wagga 10(kudhan) fi

²⁶Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.10(2).

²⁷Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.10(3).

isaa oliif waliin misoomsuun haala ittifufiinsa qabuun kan itti fayyadaman yoo ta'e; akkasumaas, walfuutonni yeroo kana keessatti jiruufi jirenya isaanii galii laficha irraa argamuun kan bulaa turan yoo ta'ee fi mirga daa'immanifi dubartii seera irraa maddu kan hin sarbine yookiin kan hin hambisne yoo ta'e seerumti qabiyyee maqaa walfuutota keessa nama tokkoon ture akka kan walini ta'etti tumuun jijjiiramoota bu'uura seerota duraanii keessa kan hin turreefi labsii haaraan kan tumame ta'u agarsiisa.²⁸ Kanaaf akka waliigalaatti dhimmoota armaan olii irraa kan hubatamu gaa'ilä rawwachuufi rawwatanii waliin turuun mala arganna lafaa keessa tokko ta'ee Labsii lakk.248/2015keessattihaguggii argatee jiraachuu namatti agarsiisa.

iii. Hafinsa Mirga Abbaa Qabiyyee Lafaa Baadiyyaa

Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan mirga abbaa qabiyyee lafaa qabu kamyuu yeroon osoo hin daangeffamiin qabiyyee lafaa isaatti akka fayyadamu seerri ni tuma. Haata'u malee, mirgi qonnaan bulaaf bal'atee kennname kun akkaataa tumaa labsii haaraatiin yeroo itti hafaa ta'u ni jiraata. Mirgi abbaa qabiyyummaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa hafuu kan danda'u, abbaan qabiyyichaa; faayidaa uummataatiif qabiyyichi barbaadame qaama aangoo qabuun akkaataa seera rogummaa qabuutiin yoo irraa fudhatame, abbaan qabiyyee fedhiidhaan mirga itti fayyadama laficha dhiisuu isaa barreeffamaan kan beeksisee yoo ta'e, abbaan qabiyyee akkaataa labsii lakk.248/2015 keessatti tumameen mirga abbaa qabiyyummaa isaa yookiin itti fayyadama isaa nama biraaf dabarsee yoo kenne, akkaata tumaa labsii lafa baadiyyaa lakk.248/2015fi seerota rogummaa qaban birootiin seeraan yoo tumame, abbaan qabiyyee yookiin namni mirga itti fayyadamaa qabu sababa humnaa ol hin taaneen yookiin sababa gahaa tokko malee qonnaan bulaan yookiin gamisa horsisee bulaan lafa roobaan misoomu osoo itti hin fayyadamin wagga lamaafi isaa ol yoo ture yookiin lafa jallisiin misoomu osoo itti hin fayyadamin wagga tokkoofi isaa ol kan ture yookiin kunuunsa lafichaaf taasifamuu qabu osoo hin taasifamiin hafuu irraa kan ka'e Biiroo Lafaan kan irraa fudhatame yoo ta'e

²⁸Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.10(4).

akka ta'e ifaan tumamee jiraachuun dhimma bu'urati.²⁹ Dabalataanis, qabiyyee dhaabbileen miti-mootummaa yookiin hawaasummaa kaayyoo isaanii galmaan geessisuuf argatan yeroon mirga itti fayyadama isaanii akkuma xumurameen akkaataa labsii lakk.248/2015 keewwata 8 (2) jalatti tumameen waliigaltee kan hin haaromsine yoo ta'eedha.³⁰ Bakka kanatti kan Dambii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Baadiyyaa Oromiyaa Lakk. 151/2005 irratti darbinsi yeroo akka hafinsa mirga abbaa qabiyyummaa yookiin itti fayyadamaatti ilaalamaa ture Labsii lakk.248/2015 keessatti lafa karaa seeraan alaa qabamee darbinsi yeroo raawwatinsa kan hin qabne ta'uun namatti agarsiisa.³¹

5. Mirga Itti Fayyadama Lafaa Wabiin Qabsiisanii Liqeffachuu

Jijjiirama bu'uura labsiin haaraan kun qabatee dhufe keessa inni ijoon dhimma kana dha. Labsicha keewwata 17 jalatti, tumaan mirga kana qonnaan bulaa ykn horsiise bulaa ykn gamisa horsiisee bulaa gonfachiisu tumamee jiraachuu dha. Seerota lafa baadiyyaa duraan hojii irra turan yoo ilaalaman mirga kana investerootaaf kan kennaniif qonnaan bulaa gonfachiisanii kan hin jirre ta'uu dha. Mirga kanaan walqabatee dhorkaan seeraan tumamee jiru, abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa kamiyyuu mirga itti fayyadama qabiyyee lafa isaa irratti qabu yeroo waggaa 15 hin caalleef galii laficha irraa argamu bu'uura taasisuun wabummaan qabsiisee dhaabbilee faayinaansii beekamtii seeraa qaban irraa qarshii liqeffachuu kan danda'an ta'uu dha.³² Dabalataan immoo yeroo waggaa 15 oliif qabsiisanii liqeffachuu hin danda'mu; nama dhuunfaattis mirga itti fayyadamaa qabsisanii liqeffachuu hin danda'amu. Kana malees, namni mirga itti fayyadamaa kana qabsiisee liqeffatu kun hanga qabiyyee walakkaa oli qabsiisuun kan hin danda'amne ta'uu labsiin haaraa kun tumeera.³³ Dabalataanis, bakka kanatti qonnaan

²⁹Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.28 (1) (a-e).

³⁰Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt. 28 (1) (f).

³¹Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015,Kwt.53.

³²Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt 17(1)

³³Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt. 17(2)

bulaan mirga itti fayyadamaa malee mirga abbaa qabiyyummaa qabsiisee liqeeffachuu kan hin dandeenye ta'uu labsiin haaraa kun tumeera.

6. Lafa Baadiyyaa Magaala Jalatti Daangessuu

Mirgi qonnaan bulaan itti fayyadama lafaa irratti heeraafi seerotaan kennameef raawwii qaama bulchiinsan daangeffamaa akka ture qorannoown ni agarsiisu.Kana irraa ka'uun labsii haaraa keessatti akkaataan hojimaata mootummaa seeraan akka ta'uufi mirgi qonnaan bulaa kabajamuu danda'uun ifatti tumamee jira. Bu'uruma kanaan,lafti baadiyyaa bulchiinsa magaalaa jalatti kan galu yoo pilaanii magaalaan daangeffameefi walharkaa fuudhinsi taasifame qofaa akka ta'e labsichi ni tuma.³⁴ Lafichi pilaaniin magaalaa jala kan galu qorannoon haal-duree qophii pilaanii yoo gaggeeffame dha.Qoranno haal-duree qophii pilaanii taasifamu kana keessatti Biiroon Lafaa hawaasa bal'aa naannoo lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti dangeeffamuu keessa jiraatan kan hirmaachise ta'uu qaba.³⁵

Wal-harkaa fuudhinsi lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalaatti daangeffamee kan raawwatamu ragaa iftoomina qabu irratti hundaa'ee qaama aangoo qabuun yoo murta'ee qofa dha.Qaanmi aangoo qabu kunis Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa yookiin caasaa sadarkaan jiru ta'uu danda'a. Abbaan qabiyyee lafti isaa gara magaalaatti daangeffame hanga bulchiinsi magaalaa bu'uura seera rogummaa qabuun beenyaa kaffaluun qabiyyicha gadi lakkisiisutti mirgi abbaa qabiyyummaa laficharraa qabu itti fufiinsaan kan kabajamuuf ta'uu jijiirama bu'uuraa labsiin lakk.248/2015 fide ta'ee mul'ata.³⁶ Kana jechuun, mirga qonnaan bulaan lafa baadiyyaa irratti qabu kamiyyuu raawwatinsa qabaachuu agarsiisa. Mirga isaa kanas Waajjira lafaa bulchiinsa magaalaa irraa tajaajila barbaachisu kan argatu ta'uu dha.³⁷ Bulchiinsi magaalaa lafti baadiyyaa isa jalatti daangeeffamee wal harkaa fudhiinsi taasifame ragaa mirga abbaa

³⁴Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.26 (1)

³⁵Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.26 (2) (3)

³⁶Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.26 (5)

³⁷Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.26 (6)

qabiyyummaa gitu ibsu abbaa qabiyyee sanaaf kennuu akka qabu labsichaan tumameera.³⁸

7. Haala Falmiiwwan Mirga Abbaa Qabiyyummaafi Itti-fayyadama Lafa Baadiyyaa Itti Hiikaman

Bakka kanatti jijiiramoonni bu'uura kan ta'an falmiiwwaan mirga abbaa qabiyyummaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa ilaachisee dhimmoonni lama adda bahani ilaalamuu danda'u agarsiisa. Inni jalqabaa, namni yeroo safarriin qabiyyee lafa baadiyyaa raawwatamaa jirutti haala safarrii irratti waliif hin galle iyyata isaa afaniin yookiin barreffamaan ibsuun koree bulchiinsaafi itti fayyadamaa lafaa gandaa akkaataa labsii lakk.248/2015 kew.50'tiin hundeffameetti kan dhiyeffatu ta'udha. Koreen Bulchiinsaafi itti fayyadamaa lafaa walii isaaniitiin akka waliif galan kan taasisu ta'ee kan waliif hin galle yoo ta'e dhimmichi 'lafa falmii' qabu jedhamee ogeessaan safaramee lakkofsi addaa kennameef galmaa'ee kan bira darbamu ta'ee, falmii ka'e irratti qaama aangoo qabuun furmaanni kan kennamu ta'u dha.³⁹ Qaamni aangoo qabu kunis jaarsolii gandaa yookiin mana murtii idilee yookiin mana murtii aadaa fi kan biroo ta'uu danda'a. Erga safarriin raawwatameen boodaa falmiiwwaan safarrii, mirkaneessa, galmeessa yookiin kenninsa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaan walqabatee falmiin kan ka'e yoo ta'e, qaamni falmii qabu kamiyyuu caasaa Biirroo Lafaa sadarkaa aanaatti iyyachuun furmaata argachuun akka danda'u seerichi ni tuma.⁴⁰ Akkaataa kanaanis furmaatni kan hin argamne yoo ta'e caasaa Biirroo Lafaa sadarkaa, sadarkaan jirutti iyyachuun furmaata argachuun kan danda'amu dha. Kunis aanaa irraa godinatti, godina irraa naannootti iyyachuun furmaata argachuun kan danda'amu ta'uu agarsiisa. Murtiin dhuma Biirroo Lafaa kennamu murtii bulchiinsaa isa dhuma ta'ee, Biiron Lafaa haala ragaa guutuu hammateen garagalcha murtii barreffamaan kennee waraabbiin isaas yeroo madaalawaa ta'e keessatti garee wal falmitootaaf kennuu kan qabu dha. Qaamni murtii Biirichaan kennamee kana

³⁸Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.26 (7)

³⁹Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.32(1) (2)

⁴⁰Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.32(3)

irraa komii qabu manni murtii keessa deebi'ee akka ilaaluuf mana murtii ol'aanaatti iyyannoo isaa dhiyeeffachuu danda'a.⁴¹

Inni lammaffaan immoo haala itti falmiin mirga abbaa qabiyyummaafi itti fayyadama lafaa itti hiikamu gama ilaallatuni dha. Seerota duraan hojii irra turan ilaalchisee rakkolee qabatamaan mul'atan keessaa muraasni waldiddaa lafaa hiikuu waliin kan walqabatudha. Rakkoleen qabatamaan falmii lafa baadiyyaa hiikuu keessatti mul'atan qorannoona adda bahe keessaa kan gama caasaa gandaan jiru, rakkoo hubannoo seera lafa baadiyyaa irratti hawaasni keenya qabu; guyaa seeraan taa'e keessatti caasaan gandaa jaarsolii araaraa filachiisuu dhiisuu; jaarsoliin araaraa bu'aa araaraa bitaafi mirgaa mallatteessuu gandaaf dhiyeessuu diduu; bu'aa araaraa chaaphessee kennuu diduu; rakkoo malaammaltummaa ykn loogii jaarsolii araaraa keessa jiru; sababa uumuun abbaa dhimmaa deddeebisuu; yeroo gabaasanis bu'aa jaarsolii araaraa dhiisanii ejjennoo qabatanii barreessuu murtii kennuu; jaarsoliin araaraa bitaaf mirgaan filataman dhimma sana araarsuu dhiisanii garee bakka bu'aniif looguu; yoo caasaan gandaa ykn gosti isaa himata keessa jira ta'e bu'aa araaraa chaappessee kennuu diduu; akka himanni hin banamne taasisuu; erga araaraamanii diiguun fi kkf akka ta'e dha.⁴² Labsii haaraa kana keessatti karaa itti rakkolee kanaaf fala kennuu danda'uun haala falmiwwan mirga abbaa qabiyyummaafi ittifa yyadama lafa baadiyyaa itti hiikamu ifatti tumee jira.

Jijjiiramni bu'uuraa bakka kanatti tumames falmiin mirga abbaa qabiyyummaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa ganda irraa ka'uun furmaata argachuu qaban dhimmootaan adda baasee tumeera. Kunis namni dhimmoota kan akka falmii daangaa lafaan walqabatee ka'u, falmii mirga abbaa qabiyyummaa lafaa kan akka ooyiruu, lafa mana jireenyaa, dheedichaa, bishaaniifi jallisiin walqabatee ka'u; yookiin falmii dhaaltoota mirga dhaalmaa qabaniifi nama mirga dhaalmaa hin qabne gidduutti

⁴¹Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.32(4-6)

⁴² Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa:Xiinxala Heera, Seeraa fi Hojimaataa(ILQSO fi Biiroo Bulchiinsa fi IttiFayyadamaa Lafaa Oromiyaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaafi Yunivarsiitiin Odaa Bultum waliin qoratan, 2012), F 234

taasifamuun⁴³ walqabatee mirga gaafatu bulchiinsa gandaa qabiyyichi keessatti argamutti iyyata isaa jalqaba kan dhiyeefatu ta'uifi jaarsolee araraa filachuun araaraan kan xumurratu ta'uudha.⁴⁴ Jaarsooleen araaraa walitti qabaa dabalatee adeemsa araaraa keessatti garee walfalmitootaa keessaa tokkoof osoo hin loogiin dhugaafi qabatama jiru irratti hundaa'uun walfalmitoonni dhimma isaanii waliigalteen akka hiikkatan hojjachuu akka qaban tuma. Jaarsoleen araaraa walfalmitoonni falmii gidduu isaaniitti uumame jalqaba irratti waliin dubbatanii waliigaluun akka hiikkatan ni jajjabeessu; yoo akkaataa kanaan waliigaluu baatan yaada walfalmitootni osoo irratti waliigalanii jedhan kan dhiyeessan ta'u. Gareen wal falmitootaa dhimma isaanii waliin dubbachuu yookiin yaada walfalmitootni osoo irratti waliigalanii jedhanii jaarsoleen araaraa dhiyeessan irratti kan walii galan yoo ta'e, waliigalteen araaraa barreeffamaan qophaa'uun bulchiinsa gandaatti dhiyaatee galma'aa. Waraabbiin isaas battalumatti abbootii dhimmaatiif chaappaa gochuudhaan kan kennamu ta'a. Waliigalteen araaraa taasifamees bulchiinsa gandaatti galmaa'e akkaatuma waliigaltee isaaniitiin kan raawwatamu ta'ee; barbaachisaa ta'ee yeroo argametti waliigalteen araaraa mana murtii aanaa qabiyyeen lafichaa itti argamutti dhiyaatee kan raawwatamu ta'uun jijirama bu'uura Labsiin haaraa of keessatti haammate dha.⁴⁵ Kanaaf, waliigalteen araraa barreeffame irratti waliigalame akkaataa waliigalteen kan hin raawwatamne yoo ta'e, mana murtiin raawwatamuu akka danda'u dha. Dabalataanis, akkaata labsichaa kew.33 (2)(g)'tiin gareen wal falmitootaa kan waliif hin galle yoo ta'e, jaarsoleen araaraa walfalmitootni kan waliif hin galle ta'uu isaanii qofa ibsuun barreeffamaan bulchiinsa gandaaf gabaasuun alatti murtii kennuun waan barreessan tokkollee hin qaban.

Jijiramni bu'uura biroon bakka kanatti mul'atu dhimma jaarsummaan ilaalamaa jiru tokko jaarsolee biratti gidduu seenuun akka danda'amu tumamee jiraachuu dha. Namni dhimma qabiyyee lafaa adeemsa jaarsummaan ilaalamaa jiru irratti dantaa qaba jedhu galmeedhuma jaarsoliin

⁴³Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.33(1)

⁴⁴Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.33(2)(a-d)

⁴⁵Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.33(2) (e-i))

araaraa irratti ilaala jiranitti iyyata isaa bulchiinsa gandaatti dhiyeeffachuu akka garee wal falmitootaatti falmii keessatti hirmaachuu akka danda'u dha.⁴⁶ Gama biraatiin, garee wal falmitootaa keessaa kamiyyuu dhimma isaa bu'aa dhumaaddeemsa araaraatiin jaarsleen araaraa irra gahan wal qabsiisuun himannaasaa mana murtii aanaatti dhiyeeffachuu akka danda'u dha. Bakka kanatti, dhimmi xiyyeeffannaan ilaalamuu qabu yaada jaarsleen dhiyeessan irratti kan waliif hin galle kamiyyuu dhimmicha mana murtitti dhiyeeffachuu kan danda'u ta'u dha.⁴⁷ Qabxii ijoo biroon immoo yeroo tokko tokko rakkoo humnaa olii mudachuun jarsummaan akka hin ilaalamne haalonni taasisaan jiraachuu ni danda'u. Labsiin lak.130/1999 dhimma kana irratti fala kaa'e hin qabu ture. Labsiin lak.248/2015 garuu haala addaatiin ta'us osoo bu'aan adeemsa araaraa jaarsolii araaraa gandaan kennamu hin dhiyaatiin Manni Murtii Aanaa dhimmicha ofitti fuudhee ilaalu akka danda'u tumeera.⁴⁸ Haalli addaa kunis dambii labsicha raawwachisuuf buhu keessatti akka tumamu agarsiisa. Haala addaa kana keessaa guyyaa seeraan tumame keessatti furmaata kan hin kennineef yoo ta'e, yookiin dhimmichi araaraan akka xumuruamuuf bulchaan yookiin itti aanaan fedhii kan hin qabne, loogii kan agarsiisan yookiin walitti bu'iinsa faayidaa kan jiraatu yoo ta'e fi rakkoon humnaa olii nam-tolchee yookiin uumamaa yoo jiraate ta'u akka danda'u Wixineen Dambii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa ni agarsiisa.⁴⁹

Bakka kanatti, yaadonni dhimma waldiddaa kana laaluu jaarsoleef kennuu irra Mana Murtii Aadaaf kennamuu qaba jedhamee yeroo wixinee irratti mari'atamu akka yaadaatti ka'ee ture. Haa ta'u malee, yaadichi hin fudhatamne. Sababni isaa, aangoon Mana Murtii Aadaa fedhii walfalmitootaa irratti kan hundaa'u waan ta'eefi dha.⁵⁰ Haa ta'u malee, labsiin lakk.248/2015 keessatti karaa Labsiin lak.240/2013'n walsimuun Manni Murtii Aadaa dhimma lafaa walfalmitoonni haala barbaadaniin dhimma isaanii ofii isaanii

⁴⁶Labsiin Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.33(3)

⁴⁷Labsiin Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.33(6)

⁴⁸Labsiin Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.33(7)

⁴⁹Wixinee Dambii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa bara 2015 qophae, Kwt.52 (13)

⁵⁰Labsiin Mana Murtii Aadaa Hundeessuuf Bahe Lakk. 240/2013, Kwt.8(2) (5)

waliin dubbachuun araaraan xumurachuu yookiin mala biroo akkaataa aadaafi duudhaa bakka jirenya isaanii jiruun yookiin Mana Murtii Aadaatiin dhimmi isaanii ilaalamee fala akka argatu taasisuu akka danda'an fedhiidhuma walfalmiitootaa irratti hundaa'uun mirga kenneefi jira.⁵¹ Kana malees, falmiiwaaan dhimma lafaa Labsii kana keewwata 33(1) jalatti hin hagugamne kan akka falmii daangaa lafaan wal qabatee ka'u,falmii mirga abbaa qabiyyummaa lafaa kan akka ooyiruu, lafa manaa jirenyaa, dheedichaa, bishaanii, jallisiin wal qabatee ka'uufifalmii dhaaltoota mirga dhaalmaa qabaniifi nama mirga dhaalmaa hin qabne giddutti taasifamuun ala ta'e akkaata seerota rogummaa qabaniin xumuramuun kan qabu ta'uun jijiiramoota bu'uura labsii haaraati.⁵²

Kana malees jijiiramoota bu'uura labsichi qabatee bahe biroon adabbii yakkaa dhimmoota kan akka namni lafa baadiyyaatti fayyadamu irraan gadee yookiin lafa ejjinni isaa % 60 ol ta'e qote yookiin daagaa hojjatame diigee yookiin diigsise yookiin sababaa gahaa tokko malee osoo dandeettii qabuu daagaa bakka barbaadametti ijaaruu dhiisee yookiin karaa lolaa irra gadee baase, Bulchaan Gandaan yookiin bakka bu'aan isaa dhimma falmii qabiyyee lafa baadiyyaatiin walqabatuu irratti iyyata dhiyaate yookiin gabaasa waliigaltee araraa fuudhee yeroo seeraan murta'ee keessatti qaama barbaaduuf kennuu dide, hojjetaan yookiin ogeessi kamiyyuu akkaataa labsiifi dambii bu'uura labsii kanaatiin bahuun ala waliigalteewwan lafa baadiyyaa irratti taasifaman osoo ulaagaa seerri barbaadu hin guutin kan mirkaneesseefi namni lafa badiyyaa irratti qaama aangoo qabu irraa hayyama osoo hin argatiin ijaarsa manaa fi kan biroo kamiyyuu kan gaggeesse yookiin akka gaggeeffamu kan taasise yookiin qabiyyee isaa irratti ijaarsi seeraan ala gaggeeffama jiru argee qaama aangoo qabutti beeksisuu dhiiseefi dhimmoota biroo kan raawwate yakkaan adabbii hidhaafi maallaqaan kan adabamu ta'udha.⁵³ Kana malees lafa baadiyyaa seeran ala qabatanii darbinsa yeroo

⁵¹Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.33(7)

⁵²Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.33 (8)

⁵³Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.55

akka mormiitti dhiyeessuun kan hin danda'amne ta'uun dhimmoota biroo dha.⁵⁴

8. Gudunfaa

Akkuma olitti kaasuuf yaalametti,jijiiramoонни bu'uuraa labsii haaraa keessatti mul'atan hedduu dha.Maalummaa lafa baadiyyaa, gargar bahinsa mirga abbaa qabiyyummaafi mirga itti fayyadama lafaa, haala lafti baadiyyaa magaala jalatti daangeeffamu, mirga itti fayyadamaa wabummaan qabsiisuun maallaqa liqeefachuu, haala arganna fi dabarsa lafaa, hafinsa mirga itti fayyadama lafaa, haala waliddaan itti hiikamuufi dhimmoota adabbii yakkaa fi darbinsa yeroon walqabatan warreen ijoo dha. Dhimmooni kuniin kanneen labsii duranii keessatti qabatamatti rakkoo ta'aaturani dha.Labsiin haaraa kun dhimmoota kanneen ilaachisee haala iftoomina qabuun waan tumeef rakkowwan hedduuf fala kenna jedhamee abdatama.

Haata'u malee, yaaddoon bakka kanatti mul'achuu danda'u rakkoo hubannoo dhabuu irraas ta'e kan bira a irraa ka'uun haala barbaadameen hojii irra oolchuu dhabuun mul'achuu danda'a. Akka fakkeenyatti wabummaan qabsiisuun maallaqa liqeefachuu kan danda'amu gosa mirgaa keessa mirga itti fayyadamaa qofa dha, mirga abbaa qabiyyummaa qabsiisuun maallaqni akka liqeefatamu taasisuun mudachuu danda'a.Waldiddaa hiikuu ilaachisees haaluma duraan baratametti harkifachuun uumamuu danda'a. Kana malees, lafti baadiyyaa magaalaa jalatti yeroo daangeffamutti adeemsa labsichaan tumamee hordofuun raawwachuu dhiisuun mudachuu mala. Dabalataanis, arganna lafa gaa'ilaan wal qabatee jiru irratti hubanna irraa kan ka'e raawwiin walfakkaachuu dhiisuun danda'a.Kana malees, tumaaleen tokko tokko Labsii Lafa baadiyyaa Mootummaa Federalaa waliin walsimu dhabuu waan danda'aniif raawwi irratti gara garummaan uumamuu danda'a.Kanaaf, rakkowwan akkanaa akka hin uumamneef hubannoo cimsuu fi qaamni aangoo qabu hojiirra oolmaa labsii kanaa itti dhiyeenyaan hordofuu qaba.

⁵⁴Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naanno Oromiyaa Lakk.248/2015, Kwt.53.